EVERY CASUALTY COUNTS

SADARKAALEE WARAABBII MUDANNOO YEROO BALAATIIF: CUUNFAA

Qabiyyeewwan

SADARKAALEE WARAABBII MUDANNOO YEROO BALAATIIF: CUUNFAA 2

DAMBIIWWAN WARAABBII NAMA MIIDHAAN IRRA QAQQABEE 3

1. **Miidha kamiiyyuu hin geesisinaa** 3
2. **Iftoomina** 3
3. **Haammatumma** 3
4. **Walitti fufinsa** 3
5. **Itti gaafatamummaa** 4

KAAYYOOWWAN FUNAANSA DAATAA BU'URAA WARAABDOTA NAMA MIIDHAAN IRRA GAHEETIIF 5

SADARKAALEE WARAABBII NAMOOTA MIIDHAAN IRRAA GAHEEF 7

1. **Iftoomina Dhaabbataa** 7
2. **Tooftaa** 7
3. **Hiikaawwanii fi Ramaddiiwwan** 8
4. **Icciitii** 8
5. **Daataa Waraabbii Nama Miidhaan Irra gahee Maxxansuu** 9

SADARKAALEE WARAABBII MUDANNOO YEROO BALAATIIF: CUUNFAA

Sanadni kun yaada cuunfaa *Sadarkaalee Waraabbii Mudannoo yeroo Balaatiif* kan gabaabaa, salphaa fi argatamuu danda'amani dha. **Sanadni guutuun isaa www.everycasualty.org irratti ni argama.**

Sadarkaaleen Waraabbii Namaa Miidhaan Irra Gahee muuxannoo gaarii beeksisuuf, waliigaltee jajjabeessuuf akkasumas hojii galmeessii nama miidhaan irra gahee bal'inaan itti fayyadamuun akka danda'amu taasisuu fi Casualty Recorders Network of Every Casualty Counts dhaan ijaaramani. Akka qajeelfama adeemsa hojiitti akka itti fayyadamaniif kan yaadame miti. Bakka isaa, Sadarkaaleen waraabbii nama miidhame sanaa jajjabeessuudhaaf barbaachisummaa muuxannoo gaarii akkasumas akkamittiin waantonni kunneen piroojeektii waraabbii nama miidhame sanaa irratti hojii irra oolfaman xiyyeeffannoo keessa galchuudhaaf kan karoorfatani dha.

Akkasumas ogeessota nama miidhame sanaa gargaaruu, sadarkaaleen kunneen odeeffannoo nama miidhame sanaa fayyadamuudhaan qooduudhaaf akka salphatu taasisuufidha. Nama miidhame sanaaf odeeffannoo fayyadamtoota dhumaa kaayyoo, safartuuwwan ta'uu fi ta'uu dhiisuun isaanii murteessuuf waanta isaan gargaaru, akkasumas odeeffannoo nama miidhamee sanaa kanneen maddoota garaagaraatiin dhiyaatan akkamitti akka itti fayyadamuu danda'an ibsan ni kennamuufi.

Gahinsaa fi itti fayyadaminsa sadarkaalee babal'isuuf yaadni cuunfaa kun waraabbiiwwan namoota miidhamanii kanneen amma jiranii fi miidhaan cimaa irra qaqqabeef gara afaanota garaagaraa baay'ee barbaachisoo ta'aniitti hiikamee jira. Odeeffannoo fi qabeenya dabalataaf, maaloo Every Casualty qunnamaa.

DAMBIIWWAN WARAABBII NAMA MIIDHAAN IRRA QAQQABEE

Danbiiwwan ijoo shanan yeroo ijaarsa sadarkaalee irratti waliigalamanii jiru. Sadarkaaleen asitti dhiyaatan hundi dambiiwwan kanaan beeksifamanii jiru, akkasumas hojii pirojeektii kamiiyyuu keessatti gaggeeffamuu qabu.

1. Miidha kamiiyyuu hin geesisinaa

Miidhaa dabalataa jireenya irratti qaqqabu hambisuun dambii bu'uuraa seera ittiin bulmaataa Meedikaalaa waraabbii namoota miidhamanii kan akka dambiiwwan biroo shanan shaaruu danda'u ibsuuti. Funaansa odeeffannoo irraa hanga dambiiwwan nageenyaa fi maxxansa odeeffannootti waraabbii nama miidhaan irra qaqqabee kamiyyuu keessatti hojii irra ni oola.

2. Iftoomina

Waraabbiin namoota miidhamanii waayee sochiiwwan isaanii hundumaa hanga danda'ametti hojjettootaaf, dhugaa baatotaaf, akkasumas daataawwaniif caasaa dhaabbataa, tooftaawwan akkasumas dambiiwwan nageenyaa dabalatee iftoomina qabaachuu qabu. Iftoominni odeeffannicha irratti amantaan akka jiraatu taasisa, akka seeraan hiikamu gargaara akkasumas qorannoo faayidaa qabeessa ta'e ni jajjabeessa.

3. Haammatumma

Hiikaawwan qaamota hundaafuu wal-qixxummaadhaan hojii irra oolfamuu danda'an fayyadamuudhaan Waraabdonni Nama Miidhaan Irra Gahee dirqamaan Siyaasa irraa bilisa ta'uun irraa hin eegamu, garuu daangaa pirojeektichaa keessatti waantota fi balaawwan mudatan hundumaa keessatti hammachisuudhaaf tattaafachuu qabu. Waraabdonni nama miidhaan irra gahee daataa akkamii, yoo waraabbii isaanii keessaa hambisaniiru ta'e maaliif akka ta'e haala ifa ta'een ibsuu qabu. Kunis kan of keessatti haammachuu malu, fakkeenyaaf, Rakkoowwan akka miseensummaa siyaasaa yookin hawaasummaa nama miidhamee sanaatiin mormman irraa odeeffannoowwan argachuu dhabuu.

4. Walitti fufinsa

Walitti fufinsi, keessumaayyuu maloota funaansa fi adeemsa daataa keessatti, waraabdonni nama miidhaan irra gahe sanaa madaallii hiika qabeessa ta'eef yeroo fi bakka sanatti hojii irra ooluu akka danda'an mirkaneessuuf waanta baay'ee ijoo ta'edha. Haalonnii ala jiran yeroo jijjiiramanitti yeroo tooftaawwan jijjiiraman qulqullina odeeffannoo walitti fufinsa qabu mirkaneessuudhaaf of-eeggannoodhaan xiyyeeffannoo keessa galuu fi haala ifa ta'een agarsiifamuu qabu.

5. Itti gaafatamummaa

Maddootaa fi hojjettoota isaanii dabalatee waraabdonni nama miidhaan irra gahee, qaamota hojii isaanii keessatti hirmaatan yookin dhimmichi ilaallatu hunduumaafuu itti gaafatamummaa fudhachuudhaan hojjechuu qabu. Amanamummaa namoota odeeffannoo isaanii kennaniifii itti fayyadaman gidduutti ijaaruudhaaf sochiin itti gaafatamummaa haal ifa ta'een mul'achuu qabu.

KAAYYOOWWAN FUNAANSA DAATAA BU'URAA WARAABDOTA NAMA MIIDHAAN IRRA GAHEETIIF

Waraabdonni nama miidhaamee kaayyoowwan piroojeektii isaanii keessatti murteeffaman irratti hundaa'uudhaan ulaagaalee funaansa daataa isaanii baasanii jiru. Haa ta'uyyuu malee, Waraabdonni nama miidhamee sana waraabaa jiran hundaaf waraabbii isaanii keessatti paakeejiin xiqqaan odeeffannoo bu'uuraa ta'e qabu kan keessatti dabalamuu qabu ni jira. Kunneenis:

KAAYYOOWWAN FUNAANSA DAATAA BU'UURAA	
Bakka	Bal'ina sadarkaa odeeffannoo isa olaanaa ta'e, fakkeenyaaf maqaa ganda yookin araddichaa yookin yoo danda'amee guutuu GPS bakka sana agarsiisuu galmeessaa.
Guyyaa / Sa'aatii	Odeeffannoo bal'aa, yoo ni beekama ta'e guyyaa fi sa'aatii dabalatee hanga danda'ametti waraabaa.
Maddoota	Ramaddiiwwan maddaa kanneen akka gabaasota oduu, dookimentiiwwan beekamoo, walitti qabaminsa namootaa, yookin dhugaa bahinsa ragaalee galmeessaa. Maddoonni yeroo hunda liinkiiwwan galmeewwan namoota miidhamanii waliin turuu qabu. Maddootni of-eeggannoon barbaadan, kanneen akka dhugaa bahinsa ragaalee, dirqama eegamuu qabu.
Lakkoofsa namoota miidhamanii	Mudannoo murtaa'e tokko keessatti waa'ee namoota ajjeeffamanii odeeffannoon jiru yeroo adda baafamee beekamuu hin dandeenyetti, hanga odeeffannoon dabalataa argamutti lakkoofsa miidhamtootaa yeroodhaaf galmeessaa.
Maqaa	Beekumsa waliigalteewwan moggaasa maqaa naannoo sanaa fayyadamuudhaan maqaa namoota miidhaman hundaa galmeessaa. Yeroo barbaachisaa ta'etti namoota wal-fakkaatoodhaaf maqaa garaagaraa kennuufii danda'uu keessan mirkaneeffadhaa (fakkeenyaaf, maqaa masoo yookin noms de Guerre).
Umurii	Guyyaa dhalootaa nama miidhaan irra gahe sanaa, yookin umurii itti du'an yookin boqotan sanaa tokko tokkoon galmeessaa. Yoo odeeffannoon kun hin argamu ta'e, miidhaaman sun daa'ima yookin ga'eessa ta'us ulaagaa iftoominaa fi walitti fufinsa qabu fayyadamuun galmeessaa. Ramaddiiwwan dabalataa kanneen akka daa'imaa, finna, ijoollee, yookin jaarsolii, walitti fufinsaan hojii irra ooluu qabu.

Saala/Kornaayaa	Saala/kornaayaa namoota hundumaa yeroo danda'ametti galmeessaa.
Odeeffannoo bal'aa du'aa	Odeeffannoon kun karaalee garaagaraatiin qindeeffamuu danda'u, fakkeenyaaf meeshaa waraanaatiin, sababa rakkoo meedikaalaatiin yookin ibsa mudannoo sanaatiin.
Taatota irratti hirmaatan	Gareewwan fi / yookin namoota dhuunfaa mudannoo sana keessatti akka hirmaatanitti gabaafaman hundumaa waraabaa, qaamota lola sana keessatti hirmaatan akkasumas garewwaan yookin namoota dhuunfaa itti gaafatamummaa fudhatan dabaluudhaan.

SADARKAALEE WARAABBII NAMOOTA MIIDHAAN IRRAA GAHEEF

1. Iftoomina Dhaabbataa

Waraabdonni namoota miidhaan irra gahee yeroo hunda dirqamaa:

- galmeessiidhaaf waayee kaayoo fi kaka'umsa isaanii irratti iftoomina qabaachuu qabu.
- odeeffannoo waayee tooftaa isaanii ifaa fi akka hawaasni argachuu danda'u taasisuu.

Waraabdonni namoota miidhaan irra qaqqabee galmeessan kan yaaluu qaban:

- waraabbiin hunda giddugaleeffate taasisuuf kutannoo jiru balleessuu waan danda'uuf waayee siyaasaa yookin qunnamtiiwwan biroo odeeffannoo kennuu.
- Caasaa dhaabaa dhaabbata isaanii hirmaattota hundaan ifaa fi kan gahinsa qabu taasisuu yaaluu.
- odeeffannoo deeggartoota maallaqaa irra jiran ifaa fi hawaasa bira kan qaqqabuu ta'u taasisuu yaaluu.

2. Tooftaa

Waraabdonni namoota miidhaan irra gahee yeroo hunda dirqamaa:

- ragaalee sanada lamaanii fi ibsoota dhugaa bahinsaa waliin tooftaa ifa ta'e qabaachuu.
- Kenninsa murtee namoomaa fi mijaa'inaaf bakka dhiisuudhaan odeeffannoo adeemsisuudhaaf sirna walitti fufinsa qabuu fi haalaan caaseffame qabaachuu.
- Odeeffannoo ibsame haala gaariin waraabuu.
- Odeeffannoowwan funaanaman adeemsota cimsuudhaaf akkasumas gamaggamuuf dandeessian qabaachuu.
- Wal-dhabdeewwan maddoota gidduu jiran furuudhaaf sirna qabaachuu.
- Galmeessiiwwan walfakkaatoo dachaa ta'an hambisuuf yookin furuuf karaalee qabaachuu.

Waraabdonni namoota miidhaan irra qaqqabee galmeessan kan yaaluu qaban:

- Galmeessii hundaaf hanga danda'ametti maddoota of-danda'oo gara garaa fayyadamuu.
- Maddoota barbaachisoo isaaniif argaman hundumaa, ciminootaa fi rakkoowwan isaanii beekuu.
- Amansiisummaa maddoota hundaaf sadarkaa kennuuf iskeelii kenninsa sadarkaa akkasumas gamaggamuuf banaa ta'uu saa xiyyeeffannoo keessa galchuu.
- Odeeffannoon kenname xiqqoo ta'uyyuu maddoota odeeffannoo sirrii ta'an dhiyeessan kamiyyuu hin gatuu dhiisuu.

- Galmee barbaachisoo ta’an hundumaa kuusuu.
- Odeeffannoowwan isaanii maddoota of-danda'oo hedduu irraa mirkaneeffachuuf karoorfachuu qabu.
- Walitti fufinsa itti galchii odeeffannoo mirkaneessuuf qajeelfamoota hundeessuu.
- Galchiiwwan odeeffannoo hundumaa sirreessii fi qindeessii odeeffannoowwan haaraatiif banaa taasisuu.
- Hojiicha fi dogooggoora namootaa hir’isuuf adeemsa galmeessii nama miidhaan irra gahee namoota garaagaraa gidduutii qooduu.
- Mudannoo/nama dhuunfaa tokko mirkaneessuun dura hojjettoota biiroo kan itti galchiiwwan walii waliin isaanii gamaggaman qabaachuu xiyyeeffannoo keessa galchuu.

3. Hiikaawwanii fi Ramaddiiwwan

Waraabdonni namoota miidhaan irra gahee yeroo hunda dirqamaa:

- Ulaagaalee of-keessatti haammannaa fi keessaa baasuu ifaatti ibsamuu danda'an qopheessuu.
- Hiikaawwannii fi ramaddiiwwan haalaa fi dhimmaa isaanii waliin wal-simuu filachuu.
- Kaka'umsa waraabbii nama miidhaan irra gahee osoo hin eegaliin dura jalqabbii qabxiiwwan odeeffannoo, ramaddiiwwan akkasumas hiikaawwan isaanii murteessuu akkasumas waantota kanneen adeemsa galmeessii isaanii keessatti walitti fufinsaan hojii irra oolchuu.

Waraabdonni namoota miidhaan irra qaqqabee galmeessan kan yaaluu qaban:

- Odeeffannoo akka “kan hin beekamne” yookin “kan yeroofii” qindeessuuf, dhimmi isaa yeroo kana ta’etti, filannoo qabaachuu.
- Yeroo Daataabeezii isaanii ijaartan dhimmoota ramaddii xiyyeeffannoo keessa galchaa.
- Du’a namoota dhuunfaa adda hin baafamnee sadarkaa odeeffannoo bal’aa olaanaa ta’eetti galmeessaa.
- Carraan namoota hin beekamnee maal akka ta'e qulqulleeffachuudhaaf akka gargaaruuf daataabeezii namoota dhabamaniitiin mariisisuu fi/yookin qindeessuu.

4. Icciitii

Waraabdonni namoota miidhaan irra gahee yeroo hunda dirqamaa:

- Balaawwan akka jijjiiraman hubachuu akkasumas marsaa galmeessii nama miidhame sanaa irratti balaawwan addaa tokko tokkoon boqonnaa irratti maxxanfaman adda baafachuu.

- Odeeffannoowwan isaanii guutummaadhaan hojii irra akka oolaniif dhimmoota barbaachisan hundaaf ragaalee sirrii ta'an irraa waliigaltee guutuu ta'e argachuu.
- Hojjettoota hundumaa waliin waliigaltee barreeffamaan yookin dubbii kan Yeroo barbaachisaa ta'utti Icciitummaa fi dhuunfummaa gaafatan ifaan ifatti ibsuu.
- Hojjettoonni hundi isaan eeguudhaaf tarkaanfiiwwan nageenyaa isaan fudhatan hubachuu, beekuu, dhagahuu fi argachuu danda'uu isaanii mirkaneessuu.
- Hojjettoota isaaniif akka barbaachisummaa isaaniitti, leenjii dabalatee pirootookooliiwwan nageenyaa qopheessuu fi dhiyeessuufii.
- Hojjettoota isaaniitiif sadarkaa argannaa deeggarsa xin-sammuu kennuufii.
- Funaansa daataa osoo hin eegaliin dura, dhiyeessiiwwan haftee dabalatee karoora kuusaa daataa qabaachuu.
- Seerota eegumsa odeeffannoo dabalatee yeroo dhimmoota eegumsa odeeffannoo furutti sababoota herreega seeraaf, teeknoolojiif akkasumas namoomaatiif.
- Qooddattoota biroo waliin yeroo odeeffannoo qoodnu ulaagaalee icciitii daataa isaanii ifaatti ibsuu.
- Carraan badinsa daataa mudachuu waan danda’uuf karoorsuu.
- Meeshaaleen isaan itti fayyadaman dhimmoota icciitii daataa isaanii guutuu saanii seeraan gamaggamaa.

Waraabdonni namoota miidhaan irra qaqqabee galmeessan kan yaaluu qaban:

- Nageenya namoota sochiiwwan waraabbii namoota miidhaman irratti taasifamu irratti hirmaachisanii mirkaneessuuf, gamaggammii balaa mudachuu danda'uu kan walitti fufinsa qabu taasisuu qabu.
- Gosa odeeffannoo isaan funaan irratti balaan akkamii akka irratti maxxanfame jiru qorachuu.
- Odeeffannoo isaan barbaadanii fi kan seeraan eeguu danda’an qofaa funaanuu.
- Naannoowwan isaan hojjetan hundumaatti, dhiyeessitoota gargaarsa namoomaa fi dhiyeessitoota deeggarsa mirga namoomaa, akka barbaachisummaa isaatti deeggarsaaf ragaawwan gara isaaniitti akka qajeelchaniif beekuu qabu.
- Dhaabbaticha keessatti, akka barbaachisummaa isaatti, daataawwan of-eeggannoo barbaadaniif sadarkaalee argannaa garaagaraa dhiyeessuu.
- Yeroo piroojeektichi dhumutti akkamitti akka daataa isaanii kaawuu danda’an karoorsuu.

5. Daataa Waraabbii Nama Miidhaan Irra gahee Maxxansuu

Waraabdonni namoota miidhaan irra gahee yeroo hunda dirqamaa:

- Odeeffannoon maxxanfame guutummaan guutuutti akka mirkaneeffametii fudhatamuuf yoo/yeroo haala gahaa hin taaneen mirkaneeffametti mallattoo jiru.

Waraabdonni namoota miidhaan irra qaqqabee galmeessan kan yaaluu qaban:

- Maal akka maxxansuu qabdan irratti yeroo murtee kennitan, Karaalee fi eenyuuf akka daataawwan isaanii bu'aa qabeeyyii ta'uu danda'an hunda xiyyeeffannoo keessa galchuu.
- Daataa tokko maxxansuu dhiisuudhaaf murteessuu dhiisuu isaaniitiif sababni isaanii maal akka ta’e adda baafachuu.
- Odeeffannoo maxxanfame Kaayyoo piroojeektichaa waliin haala wal-simatuun qindeessuu, garuu, yeroo hundumaa kaayyoo isa olaanaa namoota miidhamaniif beekamtii kennuu dagachuu dhiisuu.
- Daataa isaanii qunnamuudhaaf karaalee baayee bu’aa qabeeyyii ta’an argachuudhaan adda baafachuu.
- Yeroo hundumaa daataa isaanii afaan(oota) naannoo sochiin isaanii irratti hundaa’ee jiruun maxxansuu yaalaa.
- Hirmaattota barbaachisoo ilaammaman daataa isaanii irratti hirmaachisuuf sochiiwwan isaan biran gahuu/qaqqabsiisuu ilaalcha keessa galchaa.
- Baay'insa hojii hambisuudhaaf odeeffannoowwan isaanii hanga danda'metti bal'inaan qooddachuudhaaf yaalaa, garuu akkuma dhimmichaatti sadarkaa odeeffannoowwan isiniif kennuu danda’anii murteessaa.